# Namni halkan tokko keessatti dhuma suuraa baqaraa irraa aayaa lameen qara'e isiin isaaf ni geessi

Abuu Mas'uud irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Namni halkan tokko keessatti dhuma suuraa baqaraa irraa aayaa lameen qara'e isiin isaaf ni geessi».
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni halkan keessatti suuraa baqaraa irraa aayaa lameen dhumaa qara'e, Rabbiin hamtuu fi jibbamaa irraa akka isaaf ga'u himan, halkan dhaabbachuu irraas isaaf geessis jedhameera, zikriiwwan biroo irraas isaaf geessis jedhameera, akkanas jedhameera: isaan lameen Qur'aana qara'uu irraa irra xiqqaa waan salaata halkanii keessatti namaaf ga'u, kan biroos jedhameera, hundi waan dubbatamee sirrii kan jechichi of keessatti qabatu ta'uutu mala.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/6274